

سُورَةُ الْحَجَرِ  
Suuraa Hgijrii

\*Dura dursoo suuran tun, { suuraa hgijriiti } je'anti,

قبل كل شئ هذه هي سورة الحجر

\*Isiin suuraa makkaatii waan odoo nabi Muhammad madiina'atti hin god aanin irratti buutef, aayata {27} malee, isiin ta-madiina'aati.

وهي مكية نزلت قبل هجرة الرسولي المدينة إلا الآية {٢٧} فهي مدنية

\*Aayanni isi'ii sagaltamii sagali {99}

وآياتها تسع وتسعون {٩٩}

\*Isiin eega suuraa yuusufii buute

نزلت بعد سورة يوسف

\*Lakkooyisi isi'ii kudha shani {15}

وترتيبها {١٥}

\*Maqaa Rabbii qanani. Xiqqo'oo guddo'on nama qananiisun jalqabna je'aa

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

\*Jecha kana Rabbiitu waan itti fedhe beekha,

الرَّ

\*Aayaanni sun takkaa suuran tun,

تِلْكَ

\*Aayaata kitaabati, takkaa qur'aanati,

ءَايَاتُ الْكِتَابِ

1} \*Isiin Aayata qur'aana haqa ibsuuti, takkaa mul'isuuti.

وَقُرْءَانٍ مُّبِينٍ ﴿١﴾

2} \*Warri Rabbitti kafare, yookaa morome, guyyaa qiyaama'aa hogгаа azaaba kuffaara-tiifii jannata mu`mina argan, odoo addunya-a'arratti aslamnee, azaaba ormi kuffaaraa mudate jalaa baanee, jannata ormi islaamaa argate argannee, je'aniiti hawwu'uu jiraatan.

رَبِّمَا يُوَدُّ الَّذِينَ كَفَرُوا لَوْ كَانُوا مُسْلِمِينَ ﴿٢﴾

\*Orma kuffaara san itti dhiisi,

ذَرَّهُمْ

\*Haa nyaatanii, waan nuti isaanii kennineen qanani'anii,

يَاكُلُوا وَيَسْتَمْتَعُوا

\*Hamileen isaan hamilan, yaanni isaan umrii dheeratuu arganna je'anii yaadan, haa islaamarraa isaan ittisuu itti dhiisi. yaanni isaanii bakkan gayuufii,

وَيَلْهَمُهُمُ الْأَمَلُ

3} \*Gaafas azaaba itti dhufu'uu jiraataniifii, waan atti jettuufii, waan isaan je'an beekhu'uuf jiraatanii, itti dhiisi.

فَسَوْفَ يَعْمُونَ ﴿٣﴾

\*Bitti Rabbitti kafarte, yookaa balleessite, tan balaa itti buufnee, fin'e hundi,

وَمَا أَهْلَكْنَا مِنْ قَرِيْبَةٍ

4} \*Tan isii fixu'uuf, takkaa balleessu'uuf waytii yookaa yaroo beekkamtuu goonef malee, ta biraatii miti, {kitaaba} jechuun waytii takkaa ajala jechuu.

إِلَّا وَهَلَا كِتَابٌ مَّعْلُومٌ ﴿٤﴾

\*Ummanni dhumu hundi, waytii isaanii qabamte dura dabranii hin dhuman,

مَا تَسْقِي مِنْ أُمَّةٍ أَجَلَهَا

5} \*Irralle'ee boodan aanan

وَمَا يَسْتَخْرُونَ ﴿٥﴾

\*Kuffaarri makkaa nabi Muhammadiin akki je'e ;

وَقَالُوا

\*Yaa kan qur'aanni irratti buufame,

يَتَأْتِيهَا الَّذِي نَزَّلَ عَلَيْهِ الذِّكْرُ

6} \*Ati maraata'a, waan maraatan je'u jetta .

إِنَّكَ لَمَجْنُونٌ ﴿٦﴾

\*Maalif malaaykaa, wanni ati jettu dhuga'a, jettee ragaa sii baatu, nutti hin finne ?

لَوْ مَا تَأْتِينَا بِالْمَلَكِيَّةِ

7} \*Yoo waan jettu keessatti, kan dhugaa dubbattu, yookaa warra dhugaa dubaturraa taate, je'aniin.

إِنْ كُنْتَ مِنَ الصَّادِقِينَ ﴿٧﴾

\*Duuba Rabbiin akki je'een ; malaaykan nuti isinitti erginu, azaaban malee waan biraatii isinitti hin buutu, {hgaqqi} jechuun azaaba jechu' ,

مَا نُنزِلُ الْمَلَكِيَّةَ إِلَّا بِالْحَقِّ

8} \*Gaafa malaaykan azaaban, yookaa bala'aan isaanitti buute, dhumuu malee, qaaxaroon, akka jallinarraa deebi'an, isaanii hin qabamtu .

وَمَا كَانُوا إِذَا مُنْظَرِينَ ﴿٨﴾ إِنَّا

\*Nuutu qur'aana buusee, nama biraatii mitii,

نَحْنُ نُنزِلُ الذِّكْرَ

9} \*Ammallee numaatu akka nuti, itti buuf-

وَإِنَّا لَهُ لَحَفِظُونَ ﴿٩﴾

nerraa jirjiiramu'uufii, itti ida'amuufii, irraa ir'ifamu'urraa isa tiysa, Rabbiin qur'aana tiysuu ifirra kaaye, if qabsiise, tanaaf akka Rabbiin buserraa, hin jirjiiramne, ammoo kitaabban isa dura bu'e, tika isaa ulama'atti irkise, tanaaf irratti wal dhabanii, kitaabni tokkichi Rabbiin buuse, kitaaba afur taye, kan akka injiil,

ammoo qur'aanni tokkichuma Rabbiin buusee, waa takka irraa hin jirjiiramne ittis hin ida'amnee irraayis hin ir'anne.

\*Dhugumaan si dura, ergamoota hedduu erginee jirra,

10} \*Tuuta ummata si duratti . {shiyakg} jechuun:tuuta

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ

فِي شَيْعِ الْأَوَّلِينَ ﴿١٠﴾

\*Duuba ergumuma isaanitti dhufe mara,

11} \*Kan kijibsiisanii, xiqqeessan malee, hin taane, akkuma kuffaarri makkaa si kijibsiise. kun aadaa kuffaaratii, hin yaaddawin.

وَمَا يَأْتِيهِمْ مِنْ رَسُولٍ

إِلَّا كَانُوا بِهِ يَسْتَهْزِءُونَ ﴿١١﴾

\*Akka anbiyaa kijibsiisuu qalbii ummata isin duraa seensifnee, anbiyaa isaanii kijibsiisan,

12} \*Qalbii kuffaara makkaa, kan iimaanarraa gara gale seensifna.

كَذَلِكَ

نَسَلَكُهُ فِي قُلُوبِ الْمَجْرِمِينَ ﴿١٢﴾

\*Isaan itti hin amanan, isa hin dhugo'oomsan {naslukuhu } jechuun: ni seensifna jechu', {mujrimiin} jechuun: warra iimaanarraa gara gale jechu',

13} \*Aadan Rabbii, tan na ma ergamoota

لَا يُؤْمِنُونَ بِهِ

وَقَدْ خَلَّتْ سُنَّةُ الْأَوَّلِينَ ﴿١٣﴾

kijibsiise azaaba itti ergee lafarra fixu'uu, orma dur, kan ergamoota isaanii kijibsiisetti dhugumaan argamtee, dabartee jirtii,yoo irraa deebi'uu baatan, karaan warra si kijibsiisee akkasi beeki.

\*Ormi kuffaaraa kanneen sitti amanna je'ee mukgjizaa biraa tan akka malaaykaa busu'uu sirra barbaade,sun odoo hulaa sami'ii bannee,

14} \*Hulaa saniin guyyaa adii, samii koranii.

وَلَوْ فَتَحْنَا عَلَيْهِم بَابًا مِنَ السَّمَاءِ

فَظَلُّوا فِيهِ يَعْرُجُونَ ﴿١٤﴾

\*Ijaatu nu qabame malee, kun waa dhuga'aa mitii,

15} \*Falfalaatu nutti godhame ,waan hin jirre

لَقَالُوا إِنَّمَا سُكِّرَتْ أَبْصَارُنَا

بَلْ نَحْنُ قَوْمٌ مَسْحُورُونَ ﴿١٥﴾

garra je'anii, mukgjizaa isaan sirra barbaadan isaanitti fiduun , waan isaan amansiisuu mitii, mukgjizaa nuti sii kennine itti geessii, waan isaan barbaadan itti dhiisi.

\*Buruja kudha lama samii keessatti uumnee

وَلَقَدْ جَعَلْنَا فِي السَّمَاءِ بُرُوجًا

jirra, isaan afaan arabatti: {hgamal ,thawr,jawzaa',saraxaan,asad sunbulaa, miizaan, kgaqrab, qaws,jadyi dalwu, hguut} , buruujni kun bakka urjiin yaatu torban qubattu. torban sun :

- 1 - Mirriikhi ; manzilli yookaa qubsumti isaa hamaliifii aqrabi,
- 2 - Zahraa ; qubsumti isi'ii thawrifii,miizaani,
- 3 - Uxaarid ; manzilli isaa jawza'iifii , sunbulaa,
- 4 - Qamar {ji'a}; manzilli isaa saraxaani,
- 5 - Shamsi {aduu}; qubsumti isi'ii asad,
- 6 - Mushtarii ; manzilli isi'ii qawsifii , hguuti,
- 7 - Zuhali ; manzilli isi'ii jadiyiifii , dalwi ,Urjoonni torban tun oromoo

biratti ;

- 1 - Lamii,
- 2 - Buusana,
- 3 - Bakkalcha,
- 4 - Algaajima,
- 5 - Arba guddoo,
- 6 - Urjii holqaa yookaa wallaa,
- 7 - Basa , urjoonni oromo'oo kun hundi bakka bultu qabdi,

16} \*Samii tana, urjii xiqqo`oofii guddo'oon, tan teessufii tan deemtun tan bifa adda addaa qabduun, warra laaluf bareechine.

وَرَبَّيْنَاهَا لِلنَّظِيرِ ۝١٦

17} \*Samii tana,sheyxaana rahgmatarraa darbame hundarraa tiysine,yoo sheyxaanni samii bayu'uu ka'e, ibiddaan darbamaa,itti dhiyaatu.

وَحَفِظْنَاهَا مِنْ كُلِّ شَيْطَانٍ رَجِيمٍ ۝١٧

\*Yoo sheyxaanarraa,yookaa jinni'irraa nama dhoysa'aan, waan malaaykan jettu ,butee ceyu taate malee,

إِلَّا مِنْ أَسْرَقَ السَّمْعَ

18} \*Kan sanuu ibiddi urji'irraa ka'u, mul'ataan jala ceyee gubu, takkaa fajaajessu.

فَأَتْبَعَهُ شِهَابٌ مُبِينٌ ۝١٨

\*Dachii akka irra jiraatuu taatuf bal'ifnee jirra,

وَالْأَرْضَ مَدَدْنَاهَا

\*Ammallee gaarootii sossu'uu isii kuttu, yookaa dhoowwitu isi'irra, yookaa keessa dha-dhaabnee jirra, akka warra isi'irra jiruun hin sossoonef jecha,

وَأَلْقَيْنَا فِيهَا رُوسِيَ

19} \*Waan beekkamaa miizaanamaa, dachii

وَأَنْبَتْنَا فِيهَا مِنْ كُلِّ شَيْءٍ مَوْزُونٍ ۝١٩

keessaa magarsine.

\*Dachii keessatti waan jiraattaniin isinii uumne, kan akka midhaanii ,

20} \*Ammas waan isin isaan hin razaqne kan akka hori'ii, kan akka waan keessa galtanii, yookaa uffattanii faa, dachii tanarratti isiniif uumnee jirra, kan waan kana hundaa Rabbumti rizqii hiru.

\*Waanuma hunda rooba tayuu, rizqii biraa tayuu furaan isaa, bakkeen inni kaayamu nu harka jira,

21} \*Waan uumnu hunda, rizqii hunda, akka maluun male'etti, likki'iin male'etti hin buufnu yookaa hin kenninu.

\*Nuti qilleensa duumessatti , ergine, kan duumessa dorroobsiisee bishaan guutu

\*Duuba duumessa sanirraa bishaan buufnee, takkaa roobsinee,

\*Duuba bishaan roobaa saniin, isin obaafnee, obaafattan ,

22} \*Isin furaa waan kanaa harkaa hin qabdan

kan hoggaa feetan, bakka rizqiin jirtu, banattanii, fudhatuu dandeessan, isin san harkaa hin qabdan, kan san harkaa qabu Rabbii tokkicha, isin uumee,maa isatti amantanii isumatti hin irkanne?

\*Rabbiin akki je'u ; nuhi kan waa jiraachisu, ammallee numaa kan waa ajjeesu, namni biraa kan jiraachisu, kan ajjeesu hin jiru,

23} \*Nuhi kan eega wannu. uumamte hundi lafarraa dhumte,hafee, isaan dhaalu

\*Dhugumaan warra isin dura dabre, aadamiirraa qabee, hanga ammatti, beynee jirra

24} \*Dhugumaan warra sin booda dhufu, hanga guyyaa qiyaama'atti, beynee jirra.

\*Rabbiin kee isuma kan kan warra dabreefii warra dhufaaf taa'u hunda,guyyaa qiyaama'aa bakka takkitti'itti walitti isaan qabu,

وَجَعَلْنَا لَكُمْ فِيهَا مَعْيِشَٰ

وَمَنْ لَّسْتُمْ لَهُۥ بِرِزْقَيْنَ ﴿٢٠﴾

وَأَنْ مِّنْ شَيْءٍ إِلَّا عِنْدَنَا خَزَائِنُهُۥ

وَمَا نُنزِلُهُۥ إِلَّا بِقَدَرٍ مَّعْلُومٍ ﴿٢١﴾

وَأَرْسَلْنَا الرِّيحَ لَوَاقِحَ

فَأَنْزَلْنَا مِنَ السَّمَآءِ مَآءً

فَأَسْقَيْنَاكُمُوهُ

وَمَا أَنْشَأْ لَهُۥٓ يَجْزِينَ ﴿٢٢﴾

وَإِنَّا لَنَحْنُ نُحْيِيۥ وَنُمِيتُ

وَنَحْنُ الْوَارِثُونَ ﴿٢٣﴾

وَلَقَدْ عَلِمْنَا الْمُسْتَقْدِمِينَ مِنْكُمْ

وَلَقَدْ عَلِمْنَا الْمُسْتَأْخِرِينَ ﴿٢٤﴾

وَإِنَّ رَبَّكَ هُوَ يَحْشُرُهُمْ

25} \*Inni yookaa waaqni, kan dalagaan isaa toltu, kan waa hunda beekhu.

إِنَّهُ حَكِيمٌ عَلِيمٌ ﴿٢٥﴾

\*Nama san ,inni aadami ,dhugumaan uumnee jirra,

وَلَقَدْ خَلَقْنَا الْإِنْسَانَ

\*Biyyee gal'ii taatee ,hoggaa dhawan qililchiturraa,

مِنْ صَلَٰصِلٍ

\*Bordoda gurraacharraa,

مِنْ حَمَلٍ

26} \*Bordoda bukaayee jirjiiramerraa, nami-cha san uumne inni aadamii, abbaa namaa.

مَسْنُونٍ ﴿٢٦﴾

\*Abbaa jinni'ii, inni ibliisii,

وَالْجَانَّ

\*Odoo aadam hin uumin dura isa uumnee jirra,

خَلَقْنَاهُ مِنْ قَبْلُ

27} \*Ibidda barbada, aara hin qabnerraa uumnee jirra.

مِنْ نَّارِ السَّمُومِ ﴿٢٧﴾ وَإِذْ

\*Waan Rabbiin malaayka'aan je'e dubbadhu, wanni inni je'een ,

قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَأِكَةِ

28} \*An naman ,bordoda goggogee ,tortoree jirjiiramee, gurraachomerraa tolfamen uumaa

إِنِّي خَلِيقٌ بَشَرًا مِّنْ صَلَٰصِلٍ مِّنْ حَمَلٍ

مَسْنُونٍ ﴿٢٨﴾

\*Gaafan uumaa isaa guutee,

فَإِذَا سَوَّيْتُهُ

\*Ruuhgii itti afuufee jiraate,

وَنَفَخْتُ فِيهِ مِنْ رُّوحِي

29} \*Isaaf gad je'aa, isaaf sujuudaa.

فَقَعُوا لَهُ سَٰجِدِينَ ﴿٢٩﴾

30} \*Duuba malaaykan hundi , aadamiif sujuudde.

فَسَجَدَ الْمَلَأِكَةُ كُلُّهُمْ أَجْمَعُونَ ﴿٣٠﴾

\*Ibliis abbaa jinni'ii malee, kan malaaykaa keessa taa'ee, Rabbi ibaaddu ture,

إِلَّا إِبْلِيسَ

\*Inni ni dide,

أَبَى

31} \*Warra aadamii sujuuden wajji tayuu dide.

أَنْ يَكُونَ مَعَ السَّٰجِدِينَ ﴿٣١﴾

\*Duuba Rabbiin akki je'een:

قَالَ

32} \*Ibliis maal argatte, kan warra aadamiif sujuuden wajji tayuu diddeef,

يَتَّبِعُ بَيْتَ إِبْلِيسَ مَا لَكَ أَلَّا تَكُونَ مَعَ السَّٰجِدِينَ ﴿٣٢﴾

\*Jennaanin ibliis akki je'e; an kan sujuudu, takkaa gad je'u hin taane,

33} \*Nama bordoda gurraacha jirjiirama'arraa uumtef kan anammoo ibiddarraa uumte.

\*Jennaanin Rabbiin akki je`een jannatarraa baye,yookaa samii keessaa baye eega dubbii tiyya dhagayuu diddee,jannanni warra dubbii tiyya dhagayuuf uumamee, samiin bakka ibaada'aatii,

34} \*Ati rahgmata kiyyarraa darbama'aa .

35} \*Abaarsi kiyya sirratti jiraa, hanga guyyaa qiyaama'atti .

36} \*Jennaan ibliis akki je'e ; yaa Rabbi nan ajjeesinii ,hanga namni qabri'ii kaafamutti umrii na dheeressi ,takkaa qaaxaroo naa qabi je'e.

37-38} \*Jennaan Rabbiin qaaxaroo inni barbaadee mitii, qaaxaroo biraa qabeefii , akki je`een, hanga waytii beekkantu`utti waytii

wahayyuu lafarraa dhumu'uuf godhamtetti dhiifamta je'een , sun hanga garrii duraa , tan hoggaa afuufamte namuu lafarraa dhumuu, ibliis hanga garrii lammeysa'atti qaaxaroo barbaadee, Rabbiin hanga garrii tokkoffa'atti qaaxaroo qabeef, garriin lammeysa'aa tan hoggaa afuufamte namuu qabri'ii bayuu, silaa odoo hanga garrii lammeysa'atti qaaxaroo argatee, du'a jalaa bayaa

\*Ibliisa qaaxaroo argannaan wanni je'e; yaa Rabbi, waan ati karaa qajeela'arraa na jallefteef,

\*Addunyaa tanarratti ilmaan aadamii waan

ati hin feenen, bareecha, akkan abbaa isaanitiif, jannata keessatti, muka at irraa dhoowwite, nyaatuu bareechetti, inumaa lafarrattii, ilmaan isaatif waan ati irraa dhoowwite bareechu'uutu, akkaan naa lafaa,

39} \*Ilmaan aadam hunda, karaa keetirraan jallisa.

40} \*Yoo gabroottan keetirraa warra sitti amane, kan ati tiysite taate malee.

قَالَ لَمْ أَكُنْ لَأَسْجُدَ

لِبَشَرٍ خَلَقْتَهُ، مِنْ صَاصِلٍ مِنْ حَمِيمٍ مُسْتَوِينِ ﴿٣٣﴾

قَالَ فَأَخْرَجَ مِنْهَا

فَأِنَّكَ رَجِيمٌ ﴿٣٤﴾

وَإِنَّ عَلَيْكَ اللَّعْنَةَ إِلَى يَوْمِ الدِّينِ ﴿٣٥﴾

قَالَ رَبِّ فَأَنْظِرْنِي إِلَى يَوْمِ يُبْعَثُونَ ﴿٣٦﴾

قَالَ فَإِنَّكَ مِنَ الْمُنظَرِينَ ﴿٣٧﴾ إِلَى يَوْمِ الْوَقْتِ

الْمَعْلُومِ ﴿٣٨﴾

قَالَ رَبِّ بِمَا أَغْوَيْتَنِي

لَأُزَيِّنَنَّ لَهُمْ فِي الْأَرْضِ

وَأُغْوِيَنَّهُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٣٩﴾

إِلَّا عِبَادَكَ مِنْهُمُ الْمُخْلِصِينَ ﴿٤٠﴾

\*Jennaan Rabbiin akki je'een;

قَالَ

41} \*Kun karaa qajeelaa kan natti geessu ,takkaa kun haqa eegun,narratti jiru , hayn'i sun waan as deemu kana .

هَذَا صِرَاطٌ عَلَيَّ مُسْتَقِيمٌ ﴿٤١﴾

\*Yaa ibliis gabroottan kiyya kanneen natti amanan,

إِنَّ عِبَادِي

\*Irree isaanin jalliftu,isaanirratti hin qabdu,

لَيْسَ لَكَ عَلَيْهِمْ سُلْطَانٌ

42} \*Orma kuffaaraa kan si jala deeme malee.

إِلَّا مَنِ اتَّبَعَكَ مِنَ الْغَاوِينَ ﴿٤٢﴾

43} \*Siifii warra si jala deeme hundaaf, ibidda azaabatu jira, yookaa eeggatu.

وَأِنَّ جَهَنَّمَ لَمَوْعِدُهُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٤٣﴾

\*Ibiddi jahannam sun, balbala torba qabdi, takkaa ibiddi jahannam darajaa wal gubba'aa torba qaba,

لَهَا سَبْعَةُ أَبْوَابٍ

\*Hulaan hundi, yookaa darajaan hundi ,

لِكُلِّ بَابٍ

44} \*Warra ibliis jala deemerraa, qooda

مِنْهُمْ جُزْءٌ مَّقْسُومٌ ﴿٤٤﴾

beekkamaa qabdi, akki je'an darajaan ibiddaa tan gubba'aa tan mu'minni Ra-  
bbitti dilaaye hanga dilii yookaa cubbuu isaa itti gubatee,eega sanii bayu, am-  
moo darajaan ta gubba'atti aantu, tan yahuuda'aati, tan itti aantu tan nasaa-  
ra'aati, tan itti aantu tan saa'iba'aati, tan itti aantu tan majuusa'aati, tan jala jalaa  
ta munaafiqaaati.

\*Warri Rabbitti amanee, isa sodaate, jannata yookaa masnoo jannataa keessa qubatan ,

إِنَّ الْمُنَافِقِينَ فِي جَهَنَّمَ

45} \*Masnoo ijootin bishaanii olii gad keessa yaatu qaban .

وَعَيْنُونَ ﴿٤٥﴾

46} \*Wanni isaanin je'amu, nagayaan wajji jannata seenaa, isinii waa takka hin sodaanne.

أَدْخُلُوهَا بِسَلَامٍ ءَامِنِينَ ﴿٤٦﴾

\*Warra jannata seene san, waan wal jibbuu

وَنَزَعْنَا مَا فِي صُدُورِهِمْ مِّنْ غَلٍ

taye,yookaa waan,waa,walii quudhuu dhabuu taye hunda, kan garaa isaanii jiru  
hunda, garaa isaanitii baafnee wal jaalalaan jannata keessa wajji jiraatan yoo-  
kaa taa'an,

\*Obbolumma'aan,

إِخْوَانًا



47} \*Fuula walitti deebi'anii, sire'erraa tattaa-

عَلَى سُرُرٍ مُّتَقَابِلِينَ ﴿٤٧﴾

'anii yookaa ciqilfatanii wajji haasawan, makgnaan kanaa: hoggaa wal booh-  
arsu'uu wajji taa'an fuula walii malee, killiyyuu walii hin argan, waan sireen  
isaanii gama fuula walii isaanin naannoytuuf.

\*Jannata keessatti cinqiin isaan hin tuyxu,

لَا يَمَسُّهُمْ فِيهَا نَصَبٌ

48} \*Ammallee jannatarraa hin baafaman

وَمَا هُمْ مِنْهَا بِمُخْرَجِينَ ﴿٤٨﴾

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad gabroottan  
kiyyatti waan as deemu kana odeessi, sun:

نَبِيٍّ عِبَادِي

\*Anumaatu warra natti amaneef araarama,

أَنِّي أَنَا الْغَفُورُ

49} \*Anumaatu isaanif rahgmata godha.

الرَّحِيمُ ﴿٤٩﴾

50} \*Ammas azaabni kiyya azaaba kuffaara  
laalessuu itti dhiisi.

وَأَنَّ عَذَابِي هُوَ الْعَذَابُ الْأَلِيمُ ﴿٥٠﴾

51} \*Oduu keessummaa nabi ibraahiim,

وَنَبِيَّهُمْ عَنْ ضَيْفٍ إِبْرَاهِيمَ ﴿٥١﴾

isaanii odeodeessi akka gorfamaniin, keessummaan isaa, malaaykaa kudha  
lama, takkaa kudhan, yookaa sadii, kan jibriil isaanirraa tokkoo, kan nama fak-  
kaatanii itti dhufan .

\*Gaafa nabi ibraahiimitti seenanii, irratti  
salaamatanii, dibicha qaleefii, foon dura kee-  
nyan, nyaatuu didan,

إِذْ دَخَلُوا عَلَيْهِ فَقَالُوا سَلَامًا

\*Nabi ibraahiim isaan nyaata dinnaan, jara  
keessumma'aatin akki je'e;

قَالَ

52} \*Nuti isin sodaanne, namni nyaata na-  
maa didu, hamtuu gara'aa namaa qabaa

إِنَّا مِنْكُمْ وَجِلُونَ ﴿٥٢﴾

\*Jennaanin hin sodaatin je'aniin, nuti malaa-  
yka'aa, Rabbiitu nu ergee,

قَالُوا لَا تَوْجَلْ

53} \*Nuti ilma beekkomsa hadduu qabuun si  
gammachiifna, ilmi sun ishgaqqii.

إِنَّا نُبَشِّرُكَ بِغُلَامٍ عَلَيْكَ ﴿٥٣﴾ قَالَ

\*Ilmaan na gammachiiftanii?

أَبَشِّرْتُمُونِي

\*Anaa dulumti na dhoyte,

عَلَى أَنْ مَسَّنِيَ الْكِبَرُ

54} \*Maalin na gammachiiftan je'e, ajaa'iba  
godhee.

فِيمَ يُبَشِّرُونَنِي ﴿٥٤﴾

\*Jennaan ormi malaayka'aa wanni je'an dhu-gaadhan si gammachiifnee, ilmi ni argattaa, 55}\*Warra kennaa Rabbirraa garaa murate hin tayin je'aniin.

قَالُوا بَشِّرْنَاكَ بِالْحَقِّ

فَلَا تَكُن مِّنَ الْقَانِطِينَ ﴿٥٥﴾

56}\*Jennaanin nabi ibraahiim akki je'een ; lakkii an rahgmata Rabbirraa , kajeellaa hin muradhuu ,namni rahgmata Rabbirraa garaa muratu hin jiru, yoo kaafira, warra jallete taate malee.

قَالَ وَمَنْ يَقْنَطُ مِن رَّحْمَةِ رَبِّهِ ۖ إِلَّا

الضَّالُّونَ ﴿٥٦﴾

57}\*Ammas akki je'een maali haajan tees-san? Wanni yaataniif maali? yaa ergamoota Rabbii.

قَالَ فَمَا خَطْبِكُمْ أَتَيْتُمُ الْمُرْسَلِينَ ﴿٥٧﴾

58}\*Jennaanin, nuti ummata Rabbitti kafare ,kan {luux} itti ergame, balleessu'uuf ergamne.

قَالُوا إِنَّا أُرْسِلْنَا إِلَىٰ قَوْمٍ مُّجْرِمِينَ ﴿٥٨﴾

\*Warra nabi luux malee,

إِلَّا آلَ لُوطٍ

59}\*Nutu warra luux, hunda isaanii nagayaa baafna ,waan amananiif jecha , azaabni isaan hin tuqu, jaartii isaa malee.

إِنَّا الْمُنَجِّوهُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٥٩﴾ إِلَّا امْرَأَتَهُ

60}\*Isiin warra azaaba ganda luuxitti bu`u

قَدَرْنَا إِنَّمَا لِمَنِ الْغَيْرِينَ ﴿٦٠﴾

keessatti hafee, badurraa tayuu murree, waan isiin Rabbitti kafarteeff je'aniin ,hoggaa san nabi ibraahiimirraa sodaan deemtee, akkasitti keessummaan biraa yaate.

61}\*Duuba hoggaa malaaykonni Rabbiin erge sun, nabi luuxutti dhufan.

فَلَمَّا جَاءَ آلَ لُوطٍ الْمُرْسَلُونَ ﴿٦١﴾

62}\*}Nabi luux wanni je'een; an waa isin hin beekuu ,eessaa yaatanii,eessatti yaatanii, maalif yaatan? je'an.

قَالَ إِنَّكُمْ قَوْمٌ مُّكْرُونَ ﴿٦٢﴾

63}\*Jennaanin akki je'aniin; nuti sumatti dhufne, waan ummanni kee shakku saniin yaana, sun azaabaa .

قَالُوا بَلْ جِئْنَاكَ بِمَا كَانُوا فِيهِ يَمْتَرُونَ ﴿٦٣﴾

\*Nutu haqaan dhuga'aan sitti dhufnee,

وَأَيْتَنَّاكَ بِالْحَقِّ

64}\*Nutu dhugaa dubbannaa.

وَإِنَّا لَصَادِقُونَ ﴿٦٤﴾

\*Halkan keessa gama bariisa'atti, subhi'itti,  
achi aansii, warra keetifii warra sitti amane  
ganda kanaa baasi,

\*Atis isaan booda, yookaa maayyii deemi ,

\*Nam tokkolleen isinirraa, if duubaa hin  
mul'atin akka balaa yookaa azaaba kuffaara  
ganda sanitti bu'u arganii hin rifanne

65} \*Gara deemaa isiniin jenne deema'aa  
dabraa sun shaamii.

\*Nabi luuxutti waan kuffaaratti bu'uudhaa  
taa'u odeessinee jirra, akki jenneen

\*Hundeen kuffaara kanaa,

66} \*Ganama lafarraa buqqaatee baddii  
jenneen.

67} \*Ummanni luux warra dhalaa dhiisee

dhiira barbaaduu, dhiira xixiqqoo areedan baasintu, keessummaa mana luux  
dhuufee dhageenyan, ori'aadhaa wal doggomaadhaa , gammada'aa mana luux  
dhufan, jara keessummaa'aa san wal saamanii itti ida'amu'uuf jecha.

\*Isaan dhufnaan, nabi luux wanni je'een; ja-  
rri kun keessummaa tiyyaa,

68} \*Kafana narraa hin fuudhinaa, na qaa-  
nassinaa.

69} \*Rabbi sodaadha'aa, nan xiqqeessinaa ,  
itti ida'amuu isaanirraa barbaadu'uun.

70} \*Jennaanin akki je'aniin; si yaa luux nuti  
nama keessummeessu'urraa sin dhooww-  
inee? maalif isaan bulchita nuutu bulchee,  
waan feenu itti dalaynaa.

71} \*Jennaanin akki je'een: yaa jarana yoo

kan wahitti ida'amtanii, fedhii baafatuu feetan taatan kunoo dubri kiyya kanaa  
, fuudhaa, waan Rabbiin karaa isinii godhee, je'een, akka shari'aa isatti kaafirri  
dubra islaamaa fuudhuu ni qaba, duuba akkas jennaanin, yaa luux akka nuti  
dhiira malee dhala'arraa haajaa hin qabne ni beytaa us je'aniin, hoggaa san ma-  
laaykan nabi luuxin nuti malaayka'aa nu bira gayuu hin dandayanii, hin rak-  
katin je'aniin.

فَأَسْرِ بِأَهْلِكَ بِقِطْعٍ مِّنَ اللَّيْلِ

وَاتَّبِعْ أَذْبَانَهُمْ

وَلَا يَلْفِئُ مِنكُمْ أَحَدٌ

وَأَمْضُوا حَيْثُ تُؤْمَرُونَ ﴿٦٥﴾

وَقَضَيْنَا إِلَيْهِ ذَلِكَ الْأَمْرَ

أَنْ دَايِرَ هَتُولَاءِ

مَقْطُوعٍ مُّصْبِحِينَ ﴿٦٦﴾

وَجَاءَ أَهْلَ الْمَدِينَةِ يَسْتَبْشِرُونَ ﴿٦٧﴾

قَالَ إِنَّ هَؤُلَاءِ صِيفِي

فَلَا نَفْضَحُونَ ﴿٦٨﴾

وَأَنْفُوا لِلَّهِ وَلَا تُخْزَوْنَ ﴿٦٩﴾

قَالُوا أَوْلَمْ نَنْهَأْكَ عَنِ الْعُلَمَاءِ ﴿٧٠﴾

قَالَ هَؤُلَاءِ بَنَاتِي إِنْ كُنْتُمْ فَاعِلِينَ ﴿٧١﴾

72}\*Rabbiin nabi Muhammadiin akki je`e

لَعَمْرُكَ إِنَّهُمْ لَفِي سَكْرَتِهِمْ يَعْمَهُونَ ﴿٧٢﴾

yaa erga maa kiyya,jiruu teetin siif kakadhee, ormi kuffaaraa sun, machii isaanii keessa achi dheeratanii, yookaa jallina isaanii keessa achi fagaatanii jiranii irraa hin deebi'an, inumaa keessa gara gaggalanii akkamitti gorsa dhagayan?

\*Duuba ummata luux kan Rabbitti kafaree, waan inni irraa dhoowwe dalagu san iyyansi jibriil itti iyye fuute

فَأَخَذْتَهُمُ الصَّيْحَةَ

73}\*Waytii aduun baatu.

مُشْرِقِينَ ﴿٧٣﴾

\*Duuba ganda ummata luux san , dachii

فَجَعَلْنَا عَلَيْهِمُ آسَافِلَهَا

garaan galchinee,gubbaa ganda sanii jala goonee jala gubbaa goone, jibriil goflaa yookaa kooluu isaatin buqqisee samii keessa ol fuudhee eegasii gad gombisee,

74}\*Dhagaa bordoda ibiddaan bilcheef famerraa tolfame itti roobsine,akka nama isaanirraa diidaa gale, takkaa gandarraa ala jiru hoggaa inni dhufe dhayee ajjeesuf jecha .

وَأَمْطَرْنَا عَلَيْهِمْ حِجَابًا مِّن سِجِّيلٍ ﴿٧٤﴾

\*Waan ummata luuxutti ergame san keessa ragaa tokkummaa Rabbiitu jira ,

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ

75}\*Warra dubbii gad qabee laaluf, isaan gorfamuudhaf jecha.

لِلْمُؤْمِنِينَ ﴿٧٥﴾

\*Gandi ummata luux,kan {sadium} je'amu sun ,

وَأَيُّهَا

76}\*Karaa kuffaarri qureyshi'ii hoggaa shamadaaf shaam dhaqu, yaa'u keessa jira, kan faanti takkaa onni isaanii hanga ammaa jiru! si isaan waan san laalanii hin gorfamanii? .

لِّسَبِيلِ مُقِيمٍ ﴿٧٦﴾

\*Waan san keessa gorsaatu jiraa ,

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَةٍ

77}\*Warra Rabbi dhugo'oomsuf, gandi sun

لِلْمُؤْمِنِينَ ﴿٧٧﴾

amma 1983 dachii yahuudan falasxiinirraa qabatteefii lafa ordon jidduu jira, yahuuda'aafii ordontu bishaan ganda san gubbaa jiru, addaan qoodata, bakkeen ganda sanii bishaan baharaatii, arabni {bahrulmayyit} je'aani,hara duutuu jech'uu, waan waa takka keessatti hin jiraannef, wanni bishaan sun beekkamen {hara luux} jechu' harti sun {ammaan} mandara guddaa ordoniifii mandara beytulmaqdis jidduu jirti, amata 1952 kanin qudsi ziyaare. harti sun hundi man-

darri qudsiitis cinaan tokko harka ordon jira, kan amma 1983 harka yahuuda'aa jiru eega bara 1967 qabatee.

\*Warri biyya {ayka'aa} isi in biyya daggalaa jechu'uu. tan biyya madyanitti dhiyaattuu, isaan ummata nabi shukgeybii,

وَإِنْ كَانَ أَصْحَابُ الْأَيْكَةِ

78} \*Isaan warra dilii dalagee, if miidhe ,nabi shukgaybii , Rabbiin isaanitti erge kijibsi-isu'uun.

لَطَّالِينَ ﴿٧٨﴾

\*Duuba isaanirraa biiluu yookaa gadoo ba-ane, oow'a jaba'aan isaan fixu'uun,

فَأَنْقَمْنَا مِنْهُمْ

\*Bitti luuxifii bitti ayka'aa sun ,

وَأَيْنَهُمَا

79} \*Karaa mul'ataa keessa jirtii, kuffaarri makkaa waan biyya sanitti bu'e ni argaa , maalif hin gorfamneen?

لِيَأْمُرَ الْمُبِينِ ﴿٧٩﴾

80} \*Dhugumaan warri hijrii, anbiyoota ,yookaa ergamoota, kijibsiise, {hgijri} laga tokko kan madiina`aafii shaam jidduu jiru kan

وَلَقَدْ كَذَّبَ أَصْحَابُ الْحِجْرِ الْمُرْسِلِينَ ﴿٨٠﴾

amma biyya sakguudi'ii keessa gama {ordonitti} dhiyaatee jiru, ummanni laga hijrii qubatu ummata {samuud} je'amu, nabiyyiin isaanitti ergame, nabi {sgaalihgi} Rabbiin, isaan nabi saalih kijibsiisuu, akka anbiyoota hunda kijibsiisu'uti godhe ,waan wanni anbiyoonni hundi itti yaamu tokko tayeef jecha, sun Rabbii tokkichatti amanu'uu, tanaaf jecha, namni nabiyyii tokko anbiyootarraa kijibsiise, anbiyoota hunda kijibsiisee, qixaaxa haqa godhate, akka ummanni saalih isa kijibsiisu'uun anbiyoota hunda kijibsiisanii, qixaaxa haqa godhatanitti.

\*Rabbiin akki je'e; ummata saalih {samuudif} mukgjizaa teenya hedduu

وَأَيْنَنَّهُمْ آيَاتِنَا

kenninee jirra, tan gaala dhaga'arraa dhalatetti rarraatu,

81} \*Duuba mukgjizaa saniin hin qajeellee

فَكَانُوا عَنْهَا مُعْرِضِينَ ﴿٨١﴾

irraa gara galan, inumaa gaala yoo dhaga'arraa dhalatte sitti amanna je'anii barbaadan, dhagaan dhallaan ajjeesan, odoo nabi saalih hin tuqinaa, yoo tuyxan, bala'aatu isinitti bu'aa, je'eenii sodaachisuu.

\*Ummanni saalih, dhagaa gaaraa qoraniiti mana godhatanii keessa galan,

وَكَانُوا يَنْحِتُونَ مِنَ الْجِبَالِ بُيُوتًا

82} \*Kan mana san keessatti wahayyurraa

ءَامِنِينَ ﴿٨٢﴾

hattu'urraa, duularraa, bala'arraa if amanan, takkaa mana san keessatti, balaan Rabbiin nutti buusu nun geessuu yaadan.. an ganda tokko guutu'un kan isaan tulluu takka keessatti dhagaa qoraniit tolchan kan manni mootii isaanii keessa jirun arge 1952.

83} \*Duuba isaanii akkasitti Rabbitti kafaree

فَأَخَذْتَهُمُ الصَّيْحَةَ مُصْبِحِينَ ﴿٨٣﴾

horii horee if amananii mana dhaga'aa keessa galu, kan nabi saalih azaabni Rabbii guyyaa sadii booda isinitti bu'aa eeggadhaa, eega gaala kiyya ajjeefan je'ee isaan beysisee, dhugo'oomsanii, hin amannee, Rabbiin azaaba itti ergee iyyansi jibriil itti iyye, onnee isaanii dhoosee, ganama afreessa'aa dhuman.

\*Duuba azaaba isaanirraa hin deebifne,

فَمَا أَغْنَىٰ عَنْهُمْ

84} \*Wanni isaan dalagan, horiin isaan horaniifii, manni isaan jaaratan.

مَا كَانُوا يَكْسِبُونَ ﴿٨٤﴾

\*Sami'iifii, dachiidhafii waan isaan lamaan jidduu jiru hunda, haqaan malee baaxilaan hin uumne, dhuga'aaf uumne malee, taphaaf hin uumne,

وَمَا خَلَقْنَا السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا إِلَّا بِالْحَقِّ

\*Guyyaan qiyaama'aa dhufaaf taa'aa shakkii hin qabuu, gaafas akka Rabbiin haqaaf waan uume uume beekan, kan namuufuu waan inni dalageen galata galchu

وَإِنَّ السَّاعَةَ لَآتِيَةٌ

85} \*Yaa ergamaa kiyya warra si miidhe saniif dhiifama gaarii godhiifii, irra dabriifii, irraa gara gali, kan isaanitti hin aarre, hanga Rabbiin kee waan fide fidutti

فَأَصْفَحَ الصَّفْحَ الْجَمِيلَ ﴿٨٥﴾

\*Rabbiin kee, isa, kan waa hunda uume

إِنَّ رَبَّكَ هُوَ الْخَلَّاقُ

86} \*Kan waa hunda beekhu.

الْعَلِيمُ ﴿٨٦﴾

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad dhugumaan

وَلَقَدْ آتَيْنَاكَ سَبْعًا مِنَ الْمَثَانِ

suuraa qur'aanaa, tan aayata torba qabdu tan hoggaa lama buute sii kenninee jirra, isiin suuraa faatihgaadhatii, akka bukhaari'iifii muslim nabi Muhammadirraa odeessan, wanni faatihgaan {masaanii} je'amteef, isi'iitu salaata keessatti deddeebi'aadhafi, takkaa hoggaa lama bu'eedhafi

87} \*Ammallee qur'aana darajaan isaa guddo'oo guutuu kan {sabkgalmasaanin} keessa jirtu, sii kenninee ati dureessaa.

وَالْقُرْآنَ الْعَظِيمَ ﴿٨٧﴾

\*Waan gosa kuffaaraa, kan akka yahuuda'aa nasaara'aa majuusi'ii fa'aan qananiifne laa-  
 ltee odo'on anis waan akkasii argadhee jettee hin hawwiniif, ati dureessa isaa-  
 nirra caaluu, qur'aana beekkomsa addunya'aa aakhira'aa, kan ammaa boodaa  
 qabu qabdaa, addunyaan kuffaari argate,yoo waan ati argatteen wal maddii  
 qaban , wanni isaan argatan, waan makgnaan qabnee {azwaajan} jechuun;  
 gosa kuffaaraa jechuu,

لَا تَمُدَّنَّ عَيْنَيْكَ إِلَىٰ مَا مَتَّعْنَا بِهِ أَزْوَاجًا مِنْهُمْ

\*Ormi kuffaaraa, kan nuti qananiifne sun  
 yoo islaamayuu baatan, maalif islaamayuu  
 oolan, islaamni isaanin jabaataa, jettee hin  
 yaaddawin, abbaa fedheen Rabbiin islaama  
 jabeessaa

وَلَا تَحْزَنْ عَلَيْهِمْ

**88}** \*Mu'minaaf goflaa kee laaffisi, akka luk-  
 kuun ilmaan ifitii goflaa isi'ii laaffiftee , if  
 jala seensiftee , ammatutti atis yaa ergamaa  
 kiyya orma mu`minatti haala tolii ammadhu

وَأَخْفِضْ جَنَاحَكَ لِلْمُؤْمِنِينَ ﴿٨٨﴾

**89}** \*Orma kuffaratiin akki jettu; an dalagaan  
 tiyya,akka kufri'irratti haftanii, azaabni isi-  
 nittin buune, isin sodaachisuu , dubbii rag-  
 a'aan isinii addeessee je'iin.

وَقُلْ إِنِّي أَنَا النَّذِيرُ الْمُبِينُ ﴿٨٩﴾

**90}** \*Rabbiin akki je'e; orma kuffaaraa kan-  
 atti azaaba buufna,akka warra kitaaba adda  
 qoodatetti azaaba buufne, jarri sun yahuud-  
 a'aafii nasaara'aa.

كَمَا أَنْزَلْنَا عَلَى الْمُقْتَسِمِينَ ﴿٩٠﴾

**91}** \*Kanneen qur'aana adda babaasan , kan

الَّذِينَ جَعَلُوا الْقُرْآنَ عِضِينَ ﴿٩١﴾

kitaabban Rabbiin isaanirratti buuse,adda babaasan,garii qeebalanii garii did-  
 u'uun ,aayata gari'itti amananii,gari'itti kafaranii, isaan waan qur'aanarraa, ya-  
 ada isaanii gaxxame, ni dhugo'oomsan, kan hin gaxxanne ni kijibsiisan ,  
 {kgidgiin} jechuun; adda addaan baasan,takkaa humna humna godhan jechu',  
 takkaa warri qur'aana addaan qoode warra karaa makka seenu, addaan qoqqo-  
 odatee, irra taa'anii nama makka dhufu eeganii, akka hin islaamoyne'eef, qur'-  
 aana isa duratti arrabsan, gariin isaanii wanni je'u;qur'aanni sihriidha, yookaa  
 falfala,gariin isaanii wanni je'an; walaloodha, gariin isaanii wanni je'u inni  
 raaga, akkanatti qur'aana adda qoodan .

**92}** \*Rabbiin akki je'e; yaa ergamaa kiyya  
 Muhammad Rabbiin keetin siif khakhadhee,  
 orma san, hunda isaanii gaafatu'uuf teenya.

فَوَرَبِّكَ لَشَعَلْنَهُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٩٢﴾

93} \*Waan isaan je'aniifii waan isaan dal-  
aganirraa.

عَمَّا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٩٣﴾

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ammarraa

فَأَصْدَعُ يَمَانُومُرُ

qabii, waan itti ajajamte, dirree baasii dalagi, nabi Muhammad san dura hanga bara sadiyii, dhuysa'aan islaamatti nama yaamuu ture.. duuba Rabbiin aayata tana buusee,dirree baasi je'een ,

94} \*Warra Rabbitti waa qindeessurraa gara galii, waan isaan je'aniifii waan isaan dala-  
gan hin dalagini.

وَأَعْرَضَ عَنِ الْمُشْرِكِينَ ﴿٩٤﴾

95} \*Nuti warra si dhibe sirraa deebifnee

إِنَّا كَفَيْنَاكَ الْمُسْتَهْزِئِينَ ﴿٩٥﴾

jirraa,warri nabi Muhammad dhibe, nama shani, isaan waliid ilma mughiiira'aa, aasii ilma waa'il ,kgadiyyii ilma qays, aswad ilma abdulmuxxalib, aswad ilma abdiyaghuusi, isaan hunda Rabbiin balaa itti buuseti fixe.

\*Isaan warra Rabbitti waa qindeessu,

الَّذِينَ يَجْعَلُونَ مَعَ اللَّهِ إِلَهًا آخَرَ

96} \*Warri Rabbitti waa qindeessu hundi, hammeenya dalagaa isaanii beekhu'uuf jiraatan.

فَسَوْفَ يَعْلَمُونَ ﴿٩٦﴾

97} \*Yaa ergamaa kiyya Muhammad akka wanni kuffarri siin je'u,takkaa sitti dalagu, si dhibu, takkaa qalbii si cabsee si yaachisu dhugumaan beyna.

وَلَقَدْ نَعَلْنَاكَ إِذْ يَضِيقُ صَدْرُكَ بِمَا يَقُولُونَ ﴿٩٧﴾

\*{Subhgaanallaahi wa bihgamdihii} je'ii Rabbii kee zakkari,

فَسَبِّحْ بِحَمْدِ رَبِّكَ

98} \*Salaatatti jabaadhu takkaa heddomeysi, tanaaf jecha nabi Muhammad hoggaa wanni isaan yaachiftu itti argamte, gara salaataa ceya, duuba Rabbiin hoggaa san isa fura.

وَكُنْ مِنَ السَّاجِدِينَ ﴿٩٨﴾

99} \*Hanga duuti sitti dhuftutti Rabbii kee ibaadi , {yaqiin} jechuun ;du'a jechu'

وَأَعْبُدْ رَبَّكَ حَتَّىٰ يَأْتِيَكَ الْيَقِينُ ﴿٩٩﴾